Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa
የኦሮሚያ ኅብረት ሥራ ባንክ

**Abbootii Aksiyoonaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Hundaaf**

**Kaadhimamtoota Miseensota Boordii Eeraman Simachuuf Beeksisa Dhiyaate**

Bu'uura qajeelfama Baankii Biyyoolessaa Itoophiyaa lakkoofsa SBB/71/2019 fi SBB/79/2020/21tiin Yaa'ii Waliigalaa Idilee 16[ffaa] Abbootii Aksiyoonaa Mudde 17 bara 2013 adeemsifameen koreen eerinsaa fi filachiiftuu miseensota boordii daayreektarootaa hojii kan eegale yommuu ta'u, baankichi Abbootii Aksiyoonaa irraa eerinsa kaadhimamtoota daayreektarootaa ulaagaalee seera qabeessa armaan gaditti tarreeffaman kana guutan **Waxabajjii 24, 2013** irraa kaasee hanga **Fulbaana 24, 2014** tti ni fudhata.

Haaluma kanaan, abbootiin aksiyoonaa kaadhimamtoota miseensota boordii ulaagaa armaan gadii kana guutan akka eertan koreen kun kabajaan isin gaafata.

1. Abbaa Aksiyoonaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa kan ta'e/taate fi yoo filatame/te miseensa boordii daayreektarootaa ta'ee/taatee tajaajiluuf fedhii kan qabu/du,
2. Umuriin isaa/ishee waggaa 30 ykn isaa ol kan ta'e/taate,
3. **Sadarkaa barnootaa:** dhaabbata barnoota olaanaa beekamaa ta'e irraa yoo xiqqaate digirii jalqabaa yookaan sadarkaa barnootaa kanaan walitti dhihaatu kan qabu/du,
4. Miseensa koree filachiiftuu boordii daayreektarootaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa kan hin taane,
5. **Muuxannoo Hojii:** adeemsa hojii daldalaa irratti (keessumaayyuu baankii) muuxannoo hojii gahaa kan qabu/du ta'ee/taatee ogummaa hojii baankiif barbaachisaa kan ta'an kan akka: faaynaansii, akkaawuntingii, seera, bulchiinsa biiznasii, gaggeessummaa, odiitii, informeeshin teeknoolojii, invastimanti maanaajimantii, fi gaggeessummaa hojii waldaa irratti beekumsaa fi muuxannoo kan qabu/du yoo ta'e/taate ni filatama,
6. Hojjetaa baankichaa yookaan baankii biraa kan hin taane,
7. Miseensa boordii daayreektarootaa yookaan hojii geggeessaa dhaabbata faaynaansii kamiiyyuu kan hin taane,
8. Dhaabbanni namummaa seeraa qabu kaadhimummaan eeramuu ni danda'a; qaamni eeramu dhaabbata namummaa seeraa qabu yoo ta'e, eenyummaan nama dhaabbaticha bakka bu'uu ibsamuu fi ulaagaalee armaan olitti eeraman kan guutu ta'uu qaba,

9. Itoophiyaa fi Itoophiyaan alatti hojii amanamummaa hir'isuu fi burjaajessuu kan hin hojjenne, qaamolee mootummaa jalaa odeeffanoo kan hin dhoksine, dhaabbatawwan faaynaansii fi qaama too'atuuf odeeffannoo sobaa kan hin kennine, dambiiwwan naamusaa kabajuu dhiisuudhaan tarkaanfiin naamusaa kan irratti hin fudhatamin, yakka malaammaltummaan himatamee/tee kan itti hin murtoofne, mirga filuu fi filatamuu kan hin dhorkamne, dhaabbata diigame kam keessattuu daayreektara yookaan hoji-geggeessaa olaanaa kan hin turre yookaan kallattiinis ta'e al-kallattiin hoji-geggeessaa dhaabbaticha irratti kan hin hirmaanne,
10. Ulaagaa fayyaalessummaa faaynaansii kan guutu/ttu, jechuunis kisaaraarra kan hin taane, dirqama gibiraa fi baankii kan bahate/tte, liqii baankii kaffaluu dhiisuudhaan qabeenyi isaa/ishee kan jalaa hin gurguramne, liqii fayyaalessa hin taane kan dhaabbata faaynaansii kamirraayyuu fudhatame kan offirraa hin qabne, cheekii maallaqa hin qabneen herreegni baankii kan jalaa hin cufamne,
11. Kaadhimamtoota eeraman keessaa 1/3[ffaan] Abbootii Aksiyoonaa dhiibbaa hin geessisneen (kaappitaala waliigalaa baankichaa mallatteeffame irraa 2% gadi qaban) qofaan kan eeraman yommuu ta'u, 2/3[ffaan] hafan immoo Abbootii Aksiyoonaa hundaan (dhiibbaa kan geessisaniifi hin geessisneen) kan eeraman ta'u,
12. Abbaan Aksiyoonaa tokko kaadhimamaa tokko qofa eeruu danda'a,
13. Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatti waggoota jahaaf ofii isaa/ishee yookaan dhaabbata namummaa seeraa qabu bakka bu'uun abbaan aksiyoonaa miseensummaa boordiin tajaajilaa ture/te kamiyyuu miseensa boordii ta'ee/taatee filatamuu hin danda'u/eessu; Abbaan Aksiyoonaa akkasii miseensummaa boordiif irra deebiin eeramuu kan danda'u/eessu, miseensummaa boordii irraa erga ka'ee/kaatee waggoota jahan walitti fufanii jiraniif miseensa boordii baankichaa osoo hin ta'in erga ture/te boodadha,
14. Madaalliiwwan armaan olitti caqafaman kunniin akkuma jiranitti ta'ee, Abbaan Aksiyoonaa miseensummaa boordii daayreektarootaaf eeramu kamuu baankii biyyoolessaa fi yaa'ii waliigalaa Abbootii Aksiyoonaatiin kan itti amanamu yommuu ta'u, amanamaa, ofeeggataa, madaallii gaarii fi namooma guutuu kan qabu/du, kaayyoo fi mul'ata baankichaa galmaan gahuuf amanamummaa fi kaka'umsaan kan hojjetu/ttu, miseensa boordii ta'ee/taatee hojjechuuf kutataa/ttuu kan ta'e/taate ta'uu qaba/di.

Abbootiin Aksiyoonaa, waajjira mummee baankichaa, daandii Afrikaa, naannoo Filaamingoo, gamoo Geethaawus, darbii 5[ffaa] waajjira koree filachiiftuu miseensa boordii daayreektarootaa irraa, yookaan damee baankichaa isinitti dhihoo jiru irraa, yookaan marsariitii baankichaa

www.coopbankoromia.com.et irraa unkaa eerinsa kaadhimamtootaa fudhachuun, Waxabajjii 24, 2013 irraa hanga Fulbaana 24, 2014 tti kaadhimamtoota boordii daayreektarootaa ulaagaalee armaan olitti tarreeffaman kana guutan eeruu kan dandeessan ta'uu koreen filachiiftuu waamicha isaa isiniif dabarsa.

Abbootiin Aksiiyoonaa, unkaa guutan kana waajjira mummee baankichaa darbii 5ffaa, waajjira koree eerinsaa fi filachiiftuu miseensota boordii daayreektarootaa yookaan damee baankichaa isaanitti dhihoo jirutti qaamaan argamuun kennuu, yookaan unkaa guutame kana iskaanii gochuun, imeelii baankichaa dhimma kanaaf qophaa'e nominationcommittee@coopbankoromia.com.et irratti erguu akka danda'an ni beeksisna.

Odeeffannoo dabalataaf, lakkoofsa bilbilaa armaan gadii fayyadamuun ibsa gahaa argachuun ni danda'ama.

**+251118549263 yookiin +251974103886**

**<u>Hubachiisa</u>:**

1. Koreen filachiiftuu kun Waxabajjii 24, bara 2013 duraa fi Fulbaana 24, bara 2014 guyyaa keessaa sa'aatii 11:00 booda eerinsa kamiyyuu kan hin fudhanne ta'uusaa gamanumaan isin yaadachiisa.
2. Abbaan Aksiyoonaa kaadhimamaa eeru/tu koppii waraqaa eenyummaa haaromfamee unkaa eerinsaa kana waliin wal qabsiisee erguu qaba/di,
3. Maqaa fi mallattoon Abbaa Aksiyoonaa unkaa kana irra jiraachuu qaba; qaamni eeru dhaabbata yoo ta'e, mallattoo fi chaappaan hoji-geggeessaa dhaabbatichaa jiraachuu qaba,
4. Eerinsi kun kan dhiyaatu bakka bu'iinsaan yoo ta'e, koppiin sanada seera qabeessa bakka bu'iinsaa unkaa eerinsaa kana waliin ergamuu qaba,
5. Unkaan kun wantoota haqaman kan hin qabaanne ta'ee, akka sirriitti dubbisuuf tolutti ofeeggannoon guutamuu qaba.

**Koree Eerinsaa fi Filachiiftuu Miseensota Boordii Daayreektarootaa**

**Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa**